Kutaa 4

Dhaamsa Haadhaa

Leveled

Afaan Oromoo

Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

Dhaamsa Haadhaa

Kutaa 4

Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

Gaaffiwwan dubbisuun duraa

Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

1. Ati hiriyaakeef xalayaa barreessitee beektaa? faayidaan isaa maali?
2. Meeshaaleen sabqunnamtii maal fa'i?

Boqonnaa 1: Xalayaa Boontuu

Liiban maqaa koo yoo ta'u Godina Harargee Lixaa Magaalaa Galamsoottin dhaladhee guddadhe. Akkuma umuriin koo barnootaaf ga'een Mana Barnootaa Galamsoo Sadarkaa Tokkoffaa galeen barnoota koo eegale. Utuman barnoota koo addaan hinkutiinis waggoota sadii baradheen gara kutaa arfaffaatti darbe. Of jajje naan hinjedhiinaa malee ani barnoota kootti baayyee cimaadha. Kutaa keenya keessatti hanga yoonaatti sadarkaadhaan kan na dursu hinjiru.

Akkuman barnoota kutaa arfaffaa eegaleen immoo waan ani jireenya kootti yaadee hinbeekne tokkotuu na qunname. Kunis sabqunnamtii barreeffamaa kan ta'e xalayaan, poostaatti samsamee natti kenname. Xalayaa kanas kan natti kenne maatiidhuma na barsiisaa jiranidha. Yeroo xalayaa kana natti kennanis waan keessatti barreeffame nuti waan hindubbisneef dubbisii hubadhu naan jedhan. Eenyutuu naaf erge jedhee yoon gaafadhu dubbifadhu dhaamsa haadha keetiiti naan jedhan.

Ani maatiin waliin jiraadhu kana haadhaafi abbaakoo ta'uun beeka malee haadha biroo qabaachuu koo hinbeeku. Hangan guddadhee ammana ga'ettis nuti haadhaafi abbaa kee miti kan jedhu dhaga'ee hinbeeku. Jaalalaafi kabajni isaan naaf qabanis kan haadhaafi abbummaati. Xalayaa isaan kun dhaamsa haadha keetii dubbifadhu jedhanii natti laatan immoo hedduu na naasise. Haati koo eenyu? Ani isiniin ala maatii biraan qabamoo? jedhee yoon gaafadhu namni deebii naaf kennu hinjiru.

Waan fedhus ta'u mee xalayaa kana dubbisee haa hubadhu jedheen poostaa sana bane. Yeroon banus xalayaa barreeffama harkaa fuula waraqaa lamatuu keessa jira. Yeroo ani xalayaa kana dubbisuu eegalu maatiin koo gola seenan. Mil'adhee yoon golatti isaan ilaalu immoo booyaa jiru. Isa isaan booyaniifi xalayaa dhaamsa haadhakeeti jedhu kana immoo yoon wal bira qabee ilaalu na dhiphise. Booda garuu, xalayaa sana fudheen manaa ba'uun gaaddisa mukaa tokko jala taa'een dubbisuu eegale.

Xalayichis akkana kan jedhu ture: Haaga'u nagaan koo kanan baayyee jaalladhu ilmookoo Liiban Coqorsoof. Xalayaa kana kanan siif barreesse yoo guddatte tarii barnoota barattee ofiin dubbifachuu dandeessa yookaan immoo namoonni baratan siif dubbisuu danda'u jedheeni. Yeroon xalayaa kana siif barreessee kaa'u ati daa'ima umurii waggaa tokkooti.

Abbaankee Coqorsoo nama jedhamu yoo ta'u osoo ani ulfa baatii shanii ta'ee garaatti si baadhuu manaa ba'ee osoo manatti hindeebiin hafe. Bakka inni ga'e namoota adda addaan iyyaafadhus argachuu hindandeenye.

Booda garuu, sabqunnamtii barreeffamaa kan ta'e gaazexaatti suuraa isaa baasuun maqaa isaa labseen iyyaafadhe. Gaazexaan kunis sabqunnamtii barreeffamaa guutummaa biyyaatti raabsamudha. Haata'u malee, gaazexaa kanaan abbaa kee iyyaafadhus namni bakka kana jira jedhee natti hime hinjiru. Anis erga gaafasii abbaan warraa koo ni du'e yookaan nijira osoon hinjedhiin gadda keessa osoon jiruun si da'e. Yeroon si da'u aniifi abbaan kee qabeenya waliin horre tokkoyyuu hinqabnu ture.

Kanaafuu, waan ani soorachuu danda'u dhangaan tokkollee mana keessaa hinjiru. Yoo waa sooratan malee harmi haadhaas hinmirgisu waan ta'eef armi koo mirgisuu dhabnaan ati waan hootu dhabdee

huuqqatte. Animmoo yeroo hunda huqqina keefi achi buutee abbaa kee kana yoon yaadadhu maali osoo waaqni na ajjeesee jedheen of abaara. Ani aannan si obaasuufi huccuun daara si baasu yeroon dhabu siifi xalayaa kana mana obboleettii kootti gateen deeme. Obboleettiin koo akka isheen guddiftee si barsiiftu immoo abdii guddaan qaba.

Aniifi ati garuu, lafa irratti yookaan waaqa irratti walarguu dandeenya. Waan fedhus ta'u obboleettii koofi abbaa warraa ishee akkaa haadhaafi abbaa keetti ilaali. Barnootafi hojiitti jabaadhu; yoo cimanii barataniifi hojjetan malee deega mo'achuu hindanda'an. Siinis ta'u anaafi abbaa kee sadarkaa faffaca'uu kana irra kan nu geessise qabeenyaafi beekumsa dhabuudha. Kanaafuu, ilmoo koo Liiban jabaadhu. Xalayaa kana kan siif barreesse haadha kee Boontuu Abbaa Maccaati. Nagaatti.

Liiban xalayaa haati isaa barreessiteef kana yeroo dubbisu imimmaan isaa akka lolaa dhangala'a. Seenaa xalayaa kana keessatti dubbise mara amanuu hindandeenye. Suuraa haati isaa xalayaa sana keessa keesse ammas ammas fuudhee ilaala. Ilaalee booya; booyee yaada. Utuma akkanaan jiruus xalayaa dubbisaa oole sana fudhatee gara manaatti gale. Yeroo inni mana seenu maatiin isaa baayyee gadduu irraan kan ka'e fuula isaatti ba'uu sodaatan.

Liiban gara golaatti seenee ishee isa guddisteen ati adaadaa kiyya jechuudhaa? Jedhee booye. Isheenis Liiban hinbooyiin kanan xalayaa kana sitti kenne anatuu balleessee laata? jette. Liibanis xalayaa haadha kiyya kana naaf kennuu keef hedduun si galateeffadha; garuu haadhuma kiyyatuu xalayaa kana sitti kenne moo eessaa fidde? jedhe. Isheenis, tarii haati kee duraa duuba seenaa kanaa xalayaa siif barreessite keessatti sitti himteetti ta'a. Akkuma xalayaa siif barreessite anaafis xalayaa barreessitee si waliin sireerra keessee deemte.

Xalayaa isheen naaf barreessites kunis: Kabajamtuu obboleettii koo, mucaa kiyya Liibaniin siif waaqattin kennee deeme. Daa'ima kana daa'ima keerraa osoo adda hinbaasiin guddisii mana barnootaa naaf galchi. Yoo inni guddatee mana barnootaa galuun dubbisuu danda'e immoo xalayaa ani isaaf barreessee poostaa keessa kaaye kana isatti naaf laadhu. Xalayaan Kun dhaamsa ani Liibaniif dhaame waan ta'eef akka itti naaf laattu imaanaa sitti haata'u. Yoo Rabbi jedhe waaqarratti yookaan lafarratti walargina; nagaatti jedha.

Xalayaa haati kee siif barreessite kanas imaanaa isheen natti laatte waan ta'eef akkuma isheen keessee deemtetti fuudheen sitti laadhe. Liibanis imaanaa obboleettiin koo natti laatte waan ta'eef gaaf tokkollee dhala kiyya irraa adda si baasee hinbeeku. Haati kee immoo xalayaa kana naaf keessee deemuu ishee malee hanga yoonaa eessa akka jirtullee hinbeekamu.

Namoonni tokko tokko duuteetti jedhanii gungumu. Kaan immoo maraattee biyyaa baate jedhanii haasa'u. Nuti garuu maraattuus haataatu duutuu ishee osoo arginee awwaallannee hanga fayyaa ishee argineeti jette.

Liiban waan adaadaan isaa dubbattu qalbiidhaan dhaggeeffateeti taa'ee gadda. Adaadaan isaas kan ani xalayaa haadha keetii sitti kenne akka ati gadditu osoo hintaane akka ati haadhakee bartuufi. Haadha kee si barsiisuun immoo narraa eegama. Haati kee jiraachuus dhibuus nidandeessi. Waan fedhus ta'u suuraa ishee sabqunnamtii barreeffamaa kan ta'e gaazexaa irratti labsinee iyyaafachuu qabna jette.

Boqonnaa 2: Labsii

Liiban haadha isaa yeroo dheeraadhaaf baddee nijirtiifi hinjirtuun ishee hinbeekamne gaazexaatti labsamtee akka barbaadamuu qabdu murteesse. Sanaan booda, maatiin Liiban akka haati isaa gaazexaatti labsamtee barbaadamtu haala mijeessan. Yeroo muraasaan boodas maqaan ishee gaazexaadhaan labsame. Liiban gaazexaa haati isaa ittiin iyyaafatamte sana maatii isaa waliin taa'ee dubbisa.

Labsiin iyyaafannoo haadha Liiban kan gaazexaa irratti ba'e sunis akkana kan jedhu ture. Iyyaafanoo: Godina Harargee lixaa jiraattuu Magaalaa Galamsoo kan turte Aadde Boontuu Abbaa Maccaa kan jedhamtu waggaa kudhan dura manaa baatee osoo manatti hindeebi'iin hafte. Aadde Boontuu Abbaa Maccaa magaala dheertuu ilkaan kaarruudha. Suuraa ishee irraa hubachuun akkuma danda'amutti qaroon ishee inni gama mirgaa arguu hindanda'u.

Naannawa jiraattanitti namoonni haadha kiyya argitan yoo jiraattan bilbila ani gaazexaa kana irratti barreesseen akka na heertan kabajaan isinin gaafadha. Namoota haadha kiyya arganii na heeraniif immoo gatii dadhabbii isaanii kanan deebisu ta'uu koon isin beeksisa. Horaa bulaa. Iyyaafataan: Liiban Coqorsoo Godina Harargee Lixaa Magaalaa Galamsoo irraa. Lakkoofsa sanduuqa poostaa 3045; Galamsoo.

Liiban labsii iyyaafannoo haadha isaa gaazexaa irratti ba'e kana yeroo dubbisu hedduu gammade. Yoo isheen lubbuun jiraattes argachuu akka danda'u abdii horate. Erga gaafa labsiin iyyaafannoo kun

gaazexaadhaan labsameetii eegalee gurri kiyya maaluma dhaga'a jedheeti dhiphata. Yoo namoonni maatii isaatti bilbila bilbilan haadha kiyyatuu argamnaan isaanitti bilbilu jedheeti gurra qeensa. Yoo keessummaan haarawaa dhufes waa'ee haadha kiyya natti himuu dhufe jedheeti yaada.

Hata'u malee, erga gaazexaan sun labsamee eegalee hanga baatii lamaatti waa'ee haadha isaa waan tokkoyyuu hindhageenye. Kana irras kan ka'e haati kiyya lubbuun hinjirtu murtoo jedhu irra ga'e. Maatiin isa guddisanis akkasuma abdii kutuun silayyuu iyyaafannee garaa haa kutannu jenneeti malee haati kee osoo lubbuun jiraattee yoona nidhufti ture jedhan. Waan fedhus ta'u waa'ee haadha keetii yaaduu dhiistee barnoota keetti cimuu qabda jechuudhaan Liibaniin gorsan.

Liiban garuu, erga dhaamsa haadha isaa xalayaan dubbiseetii kaasee irriba rafee hinbeeku. Haati kiyya maal taatee na dhiistee deemte? Ni duute akka hinjenne xalayaa ishee irratti tarii lafa irratti wal

arguu dandeenya naan jettee jirti. Ani haadha kiyya lafa irratti kanan arguu danda'u yoomi jechuudhaan baayyee gadda. Osoo lubbuun jirti ta'ee gaafexaan ani ittiin labse kun bakka hunda waan ga'uuf namoonni ishee arganii na heeruu danda'u. Kanaafuu, haati kiyya hinjirtu waan ta'eef akkuma maatiin kiyya na gorsan garaa koo kutadhee barnoota kootti cimuun qaba jedhee murteesse.

Liiban waa'ee haadha isaa dagachuun qaba jedhee murteessuyyuu dagachuu hindandeenye. Dhiyee bari'u waa'eedhuma ishee yaada. Gaaf tokko utuma inni waa'ee haadha isaa yaadaa jiruu bilbilli tokko maatii isaaf bilbilame. Bilbila bilbilame kana maatiin isaa ho'isanii haasa'u. Galata waaqaa haata'u jedhanii ililleen lafa kutu. Maqaa biyyaa Aggaaroo jedhu kan Liiban duraan dhaga'ee hinbeekne bilbilaan dubbatu. Liiban immoo waan maatiin isaa dubbatan kana mara callisee taa'uun dhaggeeffata.

Maatiin Liiban akkuma bilbilicha dubbisanii fixaniin baga gammadde haati kee ni argamte jedhanii

Liibanitti kufan. Liibanis waan maatiin isaa dubbatan kana amanuu waan hindandeenyeef dhuguma ni argamtee? Jedhee gaafata. Maatiin isaas kunoo amma kana dubartiin gaazexaatti isin baaftan mana koo kireeffattee jirti jechuun namni tokko naaf bilbilee jira. Bakki isheen jirtus Godina Jimmaa Magaalaa Aggaaroo jedhamudha. Yoo barbaaddan bilbila kanaan qunnamuu dandeessu jedhee bilbila nuuf laate jedhan.

Liiban yoo kana dhaga'u gammachuudhaan ol utaalee sirbe. Bilbila namichi sun kanaan quunnamuu dandeessu jedhe irrattis battaluma bilbilan. Haata'u malee, bilbila irratti bilbilame sana namni kaasu hinjiru. Ammas bilbilicha irratti deddeebisanii yoo bilbilan hinkaafamu. Haala kanatti immoo Liiban hedduu waan aareef maaliif xalayaa hinbarreessinuuf jedhee maatii isaa mariisise. Isaanis guyyoota muraasa bilbilicha yaallee yoo kan kaasu dhibe teessoo isheetiin xalayaa barreessinaaf jedhanii murteessan.

Boqonnaa 3: Xalayaa Liiban

Liiban torban tokkoo ol bilbila haadha isaa irra deddeebisee yaallaan bilbilichi cufamee jira. Sanaan booda, Liiban bakka haati isaa jirti jedhamte sana Aggarootti xalayaa barreesse. Xalayaa sana keessas suuraa isaa kaa'uun bilbila isheen ittiin isa argachuu dandeessu keessatti barreessee mana poostaa galcheef. Guyyaa xalayaa kana barreesse irraa

eegalee hanga torban tokkootti deebiin xalayaa sanaa deebuu hindandeenye.

Torban lammaffaa xalayaan ergameetti bilbilli tooko bilbilamnaan Liiban kaase. Liiban yeroo bilbila kaasu eenyuun barbaaddan ittiin jedhe.

Isheenis mucaa koo Liiban Coqorsoon barbaade; ani haadha isaati Aggaaroo irraan bilbila jette. Liiban gammachuu guddaadhaan guutamee Liiban Coqorsoo jechuun anuma; baga waaqni jiraachuu kee na dhageessise harmee koo jedhe. Sanaan booda haatiifi ilmi gammachuu irraan kan ka'e sababa booyaniif wal dubbisuu dadhaban. Haati Liiban, ati dhuguma ilmoo koo Liibantuu guddatee akkanatti na haasofsiisaa jiraa ittiin jette.

Liiban sagalee ciccitaa tokkoon eyyeen harmee koo anuma Liiban ilma keetuu si dubbisaa jira. Xalayaa naaf barreessitee miliqxe sana yaadattaa? Dhaamsa haadhaa adaadaan kiyya natti laatte. Aniifi ati wal arguu keenyaaf sababa kan ta'es dhaamsa ati xalayaan naaf keessee deemtedha. Ammaan booda

garuu waan tokko dubbachuu hinbarbaadu, ijumaan si arguun qaba harmee koo. Bakki ati jirtu narraa fagoo waan ta'eef ani dhufee si arguu hindanda'u kanaafuu, ati naaf kottu harmee koo jedhe.

Haati Liiban yeroo gabaabaa keessatti ilma ishee arguuf Galamsoo deemte. Akkuma Galamsoo geesseenis warraa manaa keessummaa fagoodhaa dhufe jaallattuu jechaa ol seente. Liibaniifi maatiin isa guddisan yeroo ishee argan walitti kufanii akka sicha namni du'eetti booyu. Gammachuu isaan gammadan imimmaan isaan keessaa burqee yaa'uun qabbanaa'e. Dhuguma namni lubbuun yoo jiraate wal argaa jechuun ammas ka'anii wal dubbisu.

Haati Liiban obboleettii isheefi abbaa warraa ishee Liibaniin guddisanii sadarkaa kana irraan ga'an jilba isaanii qabachuun eebbifte. Isaanis ati baga argamte malee mucaan kee mucuma keenya waan ta'eef rakkoo hinqabu jedhanii miila ofii jalaa ol qaban. Itti fufaniis abbaa warraa kee kan akkuma kee manaa ba'ee achumaan hafe sana waan beektu qabdaa ittiin

jedhan. Isheenis du'eefi jiraa isaayyuu waanan beeku hinqabu jette. Ilmoon ishee Liiban immoo baga ati naaf argamte malee ani abbaa koo gaazexaatti labsee bakka inni jiru amman argadha jedhe.

Liiban erga haadha isaa argatee booda abbaa kiyya kan haadhakoo dhiisiisee waggoota hedduu dura bakka jiru wallaalame gaazexaa irratti labsee arguun qaba jedhe. Haati isaa immoo aniyyuu kanaan dura gaazexaadhuma kanaan labsee arguu waanan dhabeef hindhama'iin jette. Liiban immoo abbaa koo argachuun danda'a jedhee ammas maqaa abbaa isaa gaazexaa irratti labsee iyyaafate. Akkuma gaazexaa sana labseen torban sadaffaa isaatti abbaan Liiban Dirredhawaatti argamee teessoo bilbila Liiban gaazexaa irratti heere irratti bilbile.

Liibanis ani mucaa keeti Liiban Coqorsoon jedhama jedhe. Abbaan Liiban haadha warraa isaa ishee ulfa, waggaa dheeraa dura manatti gatee bade sana yaadate. Kanaafuu, mucaan kun isa yeroo sana ulfa turetuu dhalatee guddate jechuun gammachuu

guddaan isa dubbise. Yeroo muraasaan booda, abbaan Liiban Galamsoo dhufee maatii isaatti dabalame. Barri sunis Liibaniif bara gammachuu ta'e. Walitti qabamanii jiraachuu maatii kanaaf immoo ga'ee guddaa kan taphate sabqunnamtii barreeffamaa kan ta'e gaazexaafi xalayaadha.

Gaaffiwwan dubbisuun bodaa

Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbiste irratti hundaa'uun deebisi.

1. Liiban haadha isaa waliin akkamiin walarge?
2. Haati Liiban maaliif Liibaniin gattee badde?
3. Seenaa dubbiste kana irraa maal hubatte?

Torban 2
Kutaa 4

Dhiibbaa Manca'iinsa Bosonaa

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 5
Kutaa 4

Akaakuufi Faayidaa Geejjibootaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 6
Kutaa 4

Ilmoo Tujaara

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 10
Kutaa 4

Gargaarsa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 11
Kutaa 4

Hojii Dhiiraafi Dubartii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 13
Kutaa 4

Daawwannaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 15
Kutaa 4

Daawwii Garee

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 16
Kutaa 4

Bishaan Daakuu

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 20
Kutaa 4

Qusannoo Bishaanii

Leveled

Afaan Oromoo

Torban 24
Kutaa 4

Dhaamsa Haadhaa

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Haadha Bariisoo

Leveled



Afaan Oromoo

Torban 27
Kutaa 4

Gabaa Markaatoo

Leveled

Afaan Oromoo